# Tajaajila Kunuusa Manatti kennamuuf Kontoraata Mallatteessuu

PICAC NT
Partners in Culturally Appropriate Care




## Walitti qabaan Kunuunsa Manatti Kennamuu (Home Care Package) tajaajilaa fi gargaarsa barbaaddu argatuu kee hordofa.

Nama Tajaajila Kunuunsa Mana keetti siif dhiheessu waliin osoo Kontoraata Dhiheessii Tajaajilaa hin mallatteessin dura mirgaa fi dirqama kee quba qabaatuun barbaachisaa dha.

## Kan si barbaachisu:

1. Mirga kee hubatuu[1].
2. Nama kunuunsa manatti siif dhiheessuutiin mirgi kee siif kabajamuu isaa beekuu qabda.
3. Yoo sana irraa yaaddoo qabaatte nama kunuunsa siif kennaa jirutti dubbadhu.
4. Namoota manatti kunuunsa siif kennan filatteef dirqama sirraa eeggamu qabda.
5. Kabajaa fi ilaalcha gaarii qabaadhuuf.
6. Kan tajaajila siif kennan fi hojjetoota isaaniitiif haala nageenya qabu keessatti akka si tajaajilaniif gargaari.
7. Yoo haalli fayyaa kee jijjiirame walitti qabaan kunuusa mana (Home Care Package) kee keessaa jijjiiramuu hin dhoksin.
8. Akka itti waliif galtee qaama kunuunsa mana siif kennamuutti hundaa'uun baasii kunuunsaa basi.

[1]Home Care Packages Program Manual for Care Recipients, (Qajeelcha Sagantaa Walitti qabaa Kunuusa Manattii kanneen Kunuunsa Fudhatan) kutaa 1.4, Amajjii (January) 2023

COTA NORTHERN TERRITORY
for senior Territorians

(08) 8941 1004
www.cotant.org.au/picac/contact-picac-nt

PICAC NT
Partners in Culturally Appropriate Care

# Tajaajila Kunuusa Manatti kennamuuf Kontoraata Mallatteessuu

## Osoo Kontoraata hin mallatteessin dura

**Kontoraata osoo hin mallatteessin *dura* mirga ati qabdu. Kontoraata mallatteessitu irraa hubannaa ifaa tahe qabaatuu qabda.**

### Wanneen ati of-gaafattu (adda baafachuu qabdu)

| | | Eyyee | Lakki |
|---|---|---|---|
| 1. | Gara galchii (copy) Kontoraataa, waraqaalee fi barreeffama adda addaa afaan English ifaa siif taheen barreeffame siif kennamee jiraa? | ☐ | ☐ |
| 2. | Qaama tajaajila siif Kennuu irraa gara galchii waraqaa hundaa afaan Oromoon fudhattee jirtaa? | ☐ | ☐ |
| 3. | Garagalchii kontoritaa mallatteessuuf yoo xiqqaate torban *tokko* duratti (afaan lameenuun English fi Afaan Oromoon) siif kennamee jiraa? * | ☐ | ☐ |
| 4. | Kontoraatichi tajaajiloota walii galtee kana yoo mallatteessite siif kennaman haala ifaa ta'een tarreessee ibsee jiraa? | ☐ | ☐ |
| 5. | Kontoraatichi qorannaa kunuunnsa manatti siif godhamu irratti hundaa'uudhaan qaamni tajaajila kunuunsa siif godhu tajaajiloota siif kennamuu *carraan jiraatu* hunda (yoo yeroo ammaa fedhii irraa hin qabaatinis) hunda isaa tarreessee ibsee jiraa? | ☐ | ☐ |
| 6. | Akkaataa itti gatii itti of irraa baastu (baankii irraa kallattiin si irraa kutama yoo taheef, yoo kan Centrelink siif kennu irraa murama tahes, ykn baatii baatiidhaan of irraa basta yoo tahes haala qindeessattee jirtaa? | ☐ | ☐ |
| 7. | Qaama Tajaajila siif kennan waliin yeroo dubbatte nama afaan siif hiiku, maatii kee keessaa kan hin tahin, siif qopheessamee jiraa?* | ☐ | ☐ |
| 8. | Kontoraata kee kanneen Tajaajila siif kennan waliin keessa deebitee ilaaltee gaaffileen kee hundattis deebiin siif kennamee jiraa? | ☐ | ☐ |
| 9. | Chartera Mirgoota Kunuunsa Jaarummaa (Charter of Aged Care Rights) afaan English dabalee afaan Oromoon argattee jirtaa? | ☐ | ☐ |

**Yoo qabxiilee (points) kanaa ol jiraniif deebiin kee 'lakkii' kan jedhu tahe Odeeffannoo dabalataa Kunuunsa qaama siif kennan irraa argatuuf mirga ni qabda.**

* Tajaajilli afaan jijjiirraa (translation) fi afaan hiikaa (interpreting) si fi kanneen Tajaajila siif Kennaniif **tola** ni jira.

*Maxxansi kun gargaarsa maallaqaa Dameen Fayyaa fi Kunuunsa Jaarolee gumaacheen COTA NT qopheesse. Bifa barruutiin (editable) argatuuf gaggeessaa PICAC qunnamaa.*

COTA NORTHERN TERRITORY
*for senior Territorians*

(08) 8941 1004
www.cotant.org.au/picac/contact-picac-nt